Gumaacha Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’

Gaaffiiwwan Irradeddeebiin Gaafataman (FAQ)

Adoolessa 27, 2020

1. **Gargaarsa maallaqaa hojiiwwan xixiqqaa yeroo muddamaa ‘COVID’ waliin walqabateef karaa magaalaa ‘Hennepin County’ keessaatiin iyyadheen ture, garuu maallaqa akkan argadhu hanga ammaatti adda hin baafanne. Gumaacha Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ tiif iyyata galfachuun qabaa?**

   Eeyyee. Iyyattoonni madda gargaarsa maallaqaa Magaalaa biraa irraa argachuu malu, yooma fandiiwwan sunniin baasiiwwan walfakkaataniif oolaa akka hinjirre galmeessuun isinirra jiraate iyyuu.

2. **Karaa maddawwan fandii federaalaa biroo, kanneen akka ‘Peeycheek Piroteekshin Piroogiraamii’ (PPP), ‘Ze Ikonoomik Injiyuurii Dizaastar Loon’ (EIDL) yookaan Advaansii deeggarsa maallaqaa yeroo muddamaa federaalaa fudheetiin jira. Gumaacha Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaatiif iyyadhee argachuuf ulaagaa nan guutaa?**
   Eeyyee, garuu Gumaachi Maallaqa Gargaarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ faayidaalee addaa fandii federaalaatti dabalee baasiiwwan garaa garaatiif ooluu qaba.

3. **Fandii Gargaarsaa Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ irraa deeggarsa maallaqaa argadheen jira. Deeggarsa Maallaqaa Hojiiwwan Xixiqqaa fi Deebisanii Banuuf Maallaqa Kennamu iyyadhee argachuuf ulaagaa nan guutaa?**
   Eeyyee. Haa ta’u iyyuu malee, dursi jalqabaa hojiiwwan maallaqa $5,000 yookaan isaa gadi maddawwan gandaa, kaawuntii, fi mootummaa naannoo irraa fudhataniif kennama. Hojiin daldalaa tokko hanga har’aatti gargaarsa maallaqaa ‘COVID’ kan Hojiiwwan Xixiqqaa fi sagantaalee dandamannaa ‘Hennepin County’ irraa deeggarsa maallaqaa waliigalaa $15,000 kan hin caalle argachuu mala. Fakkeenyaaf, hojiin daldalaa tokko kanaan dura Deeggarsa Maallaqaa Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ $10,000 yoo fudhate, hojiin daldalaa sun baasiiwwan hayyamamoo dabalataa qabaannaan, maallaqa gargaarsaa dabalataa $5,000 Gargaarsa Maallaqaa Hojiiwwan Xixiqqaa fi Fandii Dandamannaa dabalataa ‘Hennepin County’tiif ulaagaa ni guuta.

Deeggarsi Maallaqaa Hojiiwwan Xixiqqaatiifi Fandiiwwan Deebi'anii Banuu baasiiwwan sagantaa magaalaa, kaawuntii yookaan mootummaa naannoo biraatiin aguugamaniif ooluu dhiisuu malu.

4. **An hojjetaa dabalataa tokko iyyuu utuu hinqabaatin hojii dhuunfaa kiyyan hojjedha. Fandii kanaaf ulaagaa guutuu nan danda'aa?**
   Lakkii. Fandichi hojiiwwan daldalaa abbaa qabeenyaa sana utuu hindabalatin hojjettoota 1-50 qaban qofaaf kennama.

5. **Hojjettoota 50 olin qacara, garuu yeroon waliigalaa hojjetame kan hojjettoota 50 tiin walqixa. An fandii kana argachuuf ulaagaa nan guutaa?**
   Lakkii. Sa'atii waliigalaa hammam iyyuu haa hojjetanii, hojiiwwan daldalaa ulaagaa guutan yoo baay'ate hanga namoota 50 tti qacaruu malu.

6. **Hojiin kiyya mana kiyya keessatti, yookaan bakkee hojii socho'u kan akka konkolaataa nyaataa keessatti adeemsifama. An iyyadhee fandii argachuuf ulaagaa nan guutaa?**
   Lakkii. Hojiiwwan mana keessatti adeemsifaman, kanneen manaa alatti bakkee dhaabbataa hintaanetti geggeeffaman Gumaacha Maallaqa Deeggarsaa fi Deebisanii Banuu Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' argachuuf ulaagaa hinguutan. Bakkeen daldalaa adda ba'e, kan hojiin bu'uraa hojichaa akka keessatti adeemsifamuuf kireeffame yookaan dhuunfatame jiraachuu qaba.

7. **Hiikni hojii daldalaa mana jireenyaa keessatti adeemsifamuu maali?**
   Akka Maxxansaa 587 'IRS' tti hojiin mana keessatti adeemsifamu isa akka bakkee hojii isa guddaatti mana jireenyaa abbaa qabeenyaa sanii (yookaan manicha keessaa kutaa ta'e) fayyadamudha. Kunis:
   1. Dhaabbataadhaa fi guutummaatti bulchiinsa ykn to'annaa daldalaa ykn hojiitiif oola, akkasumas
   2. Abbaan qabeenyaa bakkee dhaabbataa biraa kan bulchiinsa ykn to'annaa hojichaa guddaa isaa itti adeemsisu hinqabu.

8. **Hojiin kiyya dhiyeessaa kunuunsa daa'imaa hayyama qabu kan mana jireenyaa keessatti adeemsifamudha. An sagantaa kanaaf ulaagaa nan guutaa?**
   Lakkii. Hojiiwwan mana jireenyaa keessatti adeemsifaman ulaagaa hinguutan. Odeeffannoon waa'ee maddawwan fandii biroo isin argachuu maltan kanarratti argamuu danda'u: https://mn.gov/mmb/childcare/providers/ .

9. An hojii dhuunfaa kiyyan hojjedha, akkasumas/yookaan of danda'een hojii kontiraataa hojjedha. An sagantaa kanaaf ulaagaa nan guutaa?
   Lakkii. Ulaagaa guutuudhaaf, hojiiwwan daldalaa abbaa qabeenyaatiin alatti yoo xiqqaate hojjetaa takka kan qacaratan ta'uu qabu.

10. "Bakkee hojii dhaabbataa" jechuun maal jechuudha?
    Hojiiwwan bakkee dhaabbataa 'Hennepin County' keessaa qaban qofatu ulaagaa sagantaa kanaa guuta. Dhimma sagantaa kanaatiif, bakkee hojii dhaabbataa jechuun mana olii-gad hin sochoone, kan akka waajjiraa, mana kuusaa, dukkaana karaatti garagalee jiru, yookaan bakkee biraa hojiin bulchiinsaa yookaan to'annaa hojii daldalaa isaanii guddaan itti adeemsifamu jechuudha. Hojiiwwan daldalaa guutummaamatti wanta socho'u, kan akka baattuu nyaataa sochootuu, konkolaataa nyaataa, kkf keessatti adeemsifaman akka bakkee hojii dhaabbataa qabanitti hin lakkaa'aman.

    Bakkeewwan hojii mana jireenyaa keessaa, kutaa mana jireenyaa keessaa, yookaan gamoo bakka jireenyaa abbaa qabeenyaa keessaa akka bakkee hojii mana jireenyaa keessaatti fudhatamu. Hojiiwwan daldalaa mana jireenyaa keessatti adeemsifaman maallaqa sagantaa kanaan kennamu argachuuf ulaagaa hinguutan.

    Kaayyoo sagantaa kanaatiif, hojiiwwan qonnaa bu'aadhaaf dhaabbatanitti haaluma Seera Galii Keessaa 183n hiikkaan kennameefitti akka hojiiwwan mana jireenyaa keessatti adeemsifamaniitti hin fudhataman.

11. Hojiin kiyya hojii qonnaa bu'aadhaaf hojjetudha. An sagantaa kanaaf ulaagaa nan guutaa?
    Eeyyee. Kennaa maallaqaa argachuudhaaf yoo filatamtan, odeeffannoo hojiin qonnaa keessan isa "jaalala qonnaa" jedhamuuf osoo hinta'in bu'aadhaaf dhaabbachuu isaa mirkaneessu gaafatamuu maltu.
12. Yeroo iyyannaatti ragaa akkamiitu barbaachisa?
    Jalqabatti iyyannoo toora intarneetii irraa kan gaaffiiwwan hundi isaa guutamanii xumuraman qofatu barbaachisa; iyyannoo toora intarneetii kana waliin ragaan dabalataa barbaachisu hin jiru. Yoo iyyannoon keessan karaa adeemsa carraa buusuutiin (jechuun karaa lootariitiin) filatamee mirkaneeffame, ragaa dabalataa ni gaafatamtu.

13. Iyyannoon booda, garuu immoo maallaqi kennamuun dura ragaa akkamiitu barbaachisa?

Hojiiwwan daldalaa, yoo ni ilaallata ta'eef mirkaneessaa kaffaltii dabalatee, ragaa baasiiwwan hayyamamoo baafamanii akka dhiyeessaniif gaafatamu. Ragaan ykn odeeffannoon dabalataa ulaagaa-guutiinsa murteessuuf, kaffaltii fandii raawwachuu fi/ykn ulaagaalee gabaasaa, kanneen akka ragaa hojjettootaa, W9, unkaa galmee galii ykn ragaa kanaan walgitu, tarreeffama bajataa kenniinsa fandiitiif ooluu fi tarreeffama maddawwanii fi itti fayyadama fandii gargaarsaa COVID-19 waliin walqabatee fudhatame kamiinuu, unkaa 'IRS' 941, W3, ykn ragaa biraa hojjettoota mindaa dhaabbataan kaffalamuufii guutuuf barbaachisaa ta'uu mala.

14. Qabxiin liqaa kiyya akkamiin iyyannoo kiyya irratti dhiibbaa qabaata?

    Qabxiin liqaa ulaagaa guutuu ykn filatamuu fi dhiisuu keessan irratti dhiibbaa hinqabaatu.

15. Hammi maallaqa kennamuu akkamittiin murteeffama?

    Bulchaan fandii isinii wajjin ta'uudhaan hojiin keessan jeequmsa balaa COVID tiin miidhamuu isaa mirkaneeffata, akkasumas hammi baasiiwwan hayyamamoo yoo xiqqaate $2,500 (maallaqi gargaarsaa inni gad aanaan $2,500), kan madda magaalaa, mootummaa naannoo ykn federaalaa biraatiin hin aguugamne, fandii yoo baay'ate $15,000 ga'u, kan hojicha geggeessuuf baafamee fi baasiiwwan hojii daldalaa keessan haala miidhaa hinqabneen deebisanii banuu irratti baafaman ta'uu mirkaneeffata. Hammi maallaqaa inni dhumarratti kennamu baasiiwwan hayyamamoo hojii keessanii irratti hundaa'a, akkasumas hanga fandii 'CARES Act' isa maddawwan magaalaa, kaawuntii fi mootummaa naannoo irraa fudhatamee jiru ilaalcha keessa ni galcha. Hojiin daldalaa kam iyyuu gargaarsa maallaqaa walta'aa hanga ammaattii waliigalli isaa $15,000 caalu 'Hennepin County' irraa fudhachuu hin danda'u.

16. Akka baasiiwwan hayyamamootti kan fudhataman maal fa'i?

    Fandiiwwan kennaman baasiiwwan hojicha adeemsisuuf baafaman, kanneen akka kiraa daldalaa, kaffaltii mana keessatti hojjetanii, kaffaltii tajaajilootaa fi baasiiwwan hojichaa biroo Bitootessa 15, 2020 hanga Adoolessa 30, 2020 tti, sababa COVID-19 tiin gidduutti dhaabbachuu hojii daldalichaa yeroo ammaa irratti baafamaniif ooluu danda'u. Fandiiwwan kennaman baasiiwwan haala miidhaa hinqabneen deebisanii hojii eegaluu fi/ykn fageenya hawaasaa hojiirra oolchuuf, seera qulqulleessuu/qulqullinaa/eeggannoo malu hojiirra oolchuuf, akkasumas hojjettootaa fi maamilootaaf jijjiiramoota hojii fi quunnamtiiwwanii biroo raawwatanii hojiiwwan daldalichaa sochoosuuf oolanii wajjin walqabataniif illee fayyadamuun ni danda'ama. Baasiiwwan ijaarsaa namoota kontiraata hojjetaniif kaffalamu $2,000 darbuu hinqabu.

17. Murtoowwan fandii kennuu akkamiin raawwatamu?

    Iyyattoonni 'Hennepin County' fi bulchaa sagantaa isaa, 'NextStage' jedhamuun, ulaagaa barbaachisu guutuun isaanii qoratama. Iyyattoonni maddawwan maallaqaa COVID-19 waliin walqabatan 'Hennepin County', magaalaa, ykn mootummaa naannoo irraa maallaqa $5,000 hin caalle fudhatan fandicha akka argataniif dursi kennamaaf. Iyyannoowwan fandii lafa jiru yoo caalan, erga ulaagaaleen dursa namaaf kennisiisan hojiirra oolanii booda iyyattootaaf carraa buusuudhaan karaa tooftaa lootariitiin filatamu.

18. Iyyannoo kana akkaataa itti guutan nama natti agarsiisun barbaada ykn adeemsa iyyannochaa ilaalchisee gaaffii waliigalaan qaba. Eenyuun quunnamuun qaba?

    economic.development@hennepin.us quunnamaa maaloo. Tarreeffami naavigeeterootaa fi dhiyeessitoota deeggarsa hojii marsariitii keenya [kana] irrattis maxxanfamee jira. https://www.hennepin.us/economic-development/programs/Small-Business-Resource-Navigators

19. Yoon maddawwan mootummaa naannoo, gandaa, ykn federaalaa irraa yookaan dhimmoota biroodhaaf fandii COVID-19 fudhadhe maallaqa naa kenname sana deebisuutu narraa eegamaa?

    Fandiiwwan sunniin baasiiwwan walfakkaatoo fandiiwwan biraadhaan kaffalamaniif hanga hin oolletti, maddawwan federaalaa biroorraa fandii fudhachuu ni dandeessu. Haaldureewwan waliigaltee kennaa maallaqaa hunda guutuuf itti gaafatama qabdu, akkasumas bulchitoota maallaqichaatiin hordoffiin isinirratti taasisfama. Yoo ulaagaa guutuu dhiisuun keessan bira ga'ame, fandii isinii kenname deebisuuf dirqamtu.

20. Ragaan an galchu icitiin isaa naaf eegamaa?

    Akka seera Miinesotaatti haalli akka addatti isa fudhachiisu hanga hin jiraannetti ragaan hundi ifoomaadha. Haalli adda ta'e tokko kaayyoo hojiiwwan daldalaatiif badhaasa dhiyeessuuf jecha ragaa maallaqaa hojiiwwan daldalaa qaama mootummaa kamitti iyyuu galfamu, kan dhuunfaa ykn kan hin ifoomne jedhamee isa adda baafamudha. Haalota hunda keessattuu, 'Hennepin County'n ulaagaalee 'Miinesootaa Deetaa Piraaktisis Aakti' keessaa hunda hordofuu qaba.

21. Haala gaariirra jiraachuu kiyya akkamiinan beeka? "Haala gaariirra jiraachuu" jechuun maal jechuudha?

“Haala gaariirra jiraachuu” jechuun hojiin daldalaa keessan gibira isaa kaffalataa jira, akkasumas Bitootessa 1, 2020 irraa eegalee galmeewwan daldalaa barbaachisoo Waajjira Barreessaa Mootummaa Naannoo raawwataa jira; kana malees, Barreessaa Mootummaa Naannoo Miinesootaatiin himannaan gibira of biratti hambisuu kan irratti banamee hinjirre jechuudha.

Galmee keessan ilaaluu dandeessu. Iyyannoo kennaa maallaqaa yemmuu guuttan lakkoofsa galmee keessanii qabadhaa maaloo.

Hubadhaa, caasaa hojii keessan irratti hundaa’uudhaan, Barreessaa Mootummaa Naannoo biratti galmaa’uun isinirraa eegamuu dhiisuu mala. Yoo kana ta’e, Barreessaa Mootummaa Naannoo Miinesootaa biratti “haala gaariirra jirtu” jedhamuun beekamtu. Fakkeenyaaf, maqaama keessaniin dhuunfaa keessanitti hojii adeemsisaa jirtu yoo ta’e, mootummaa biratti galmaa’uu hinqabdan.